Gibiira Iddo-Bashannootaafi (Park)

Gabaasaa wagga arfan jalqabaa irrati

SEATTLE PARKS AND RECREATION

Komiitee waan kana to'atu irra xalayaa tokko

Ummata 'Seattle'fi

Sa'aatota kummoota ba'e gibiira iddo bashannaafi wareegdanif galata gassha, fi waan waliin fixaan baafannef boonaa, gabaasaa kana dhiyeesina sochiile gibiiraa wagga arfan jalqabaa irrati.

Umamun fi hojii irra oolun gibiiri milii'oni $198.2 hammam akka ummani 'Seattle' iddo-bashannana fi iddo bana dhaf yaaduf raga dha. Waggota jalqabaa arfan keessati, projeektii foyyanina gibiirotaa 90 caalan keessa rawwatamu 40 oli to'annera; suni kan akka iddo-bashannana ollotaa, giddu-galeesa kamuniiti, daandii, dirree sochiile qaamaa (sport), iddo sarooni hidha male itti gadhifamtu, lafa taphaa ijoolle, daandii biskiileti tulluu, walqunnamtii lafoo, dandeetii deemsaa, manoota iddo dheessan, mana-fincaani alaa. Itti dabalee nuti lafa banaa ekera 34 dangeesinera. Nuti itu waliira hinkutiin dinqifannera ummani 'Seattel' keessaa kan iddo-bashannanaa jallatuu ituu waliira hin kutiin jaalala agarsiisu isaf. Hubachiisa adda keessa hojii cimaan isiin gootani projeektoota 'Opportunity Fund' filtani gargaaru keessani dha.

Nuti addan kan itti boonu gibiira kana hojiira oshuun waan inni agaarsiise fi itti fufe projeektota ijaarsa irrati meeshole dandaamanin fayyadamu, ijoolle mana baruumsaa 'Seattle' daakaa barsiisu akka isaan bishaanit jireenya isaani guutu nagaan gammadanfi, bartoota kumaan lakkawaman akka isaan umama aduniyaa keenyaa asuma magaalaa keessati dinqisiifatani fi jaallatan barsiisu, bosonoota keenya caccabu danda'ani eegaa, fi ijoolle fi dargaggootaf iddo isaan waa'e bu'aa fayyaa fi gammachuu sochiile sportii itti barani dhiyeesu. Nuti gammadneera sagantaa gibiira karaa siirri gubba jiru to'achu keenyati, karaa lachu horii dhans, yeroon tarra'utis, fi kan dollaroon keessan eggannan fi beekumsan kan itti ba'e gubbati.

Carraa gaari fi gammachu ture, to'anna gibiira fi hojii irra osshu keessati qooda fudhachun lammoota 'Seattle' kan iddon bashannanaa fedhii tajajiila ba'e baldha akka laatu warra hubatan waliin- calliisani qayyabachuf, sochiilee qamaa fi qopphef, do'anna artiif, fi akka obboloota Olmsted sirriiti ka'u dha akka yeroo jalqabaa sisteema lafee dugdaa iddo-bashannanaa keenya 1903, iddon magariisa ta'an akka jequmsa jireenya magaalaa jala bahanif.

Maaloo eegaa gabaasaa waggaa gibiiraa 2005 dhufaa jiru. Nuti fuundura ilaala hanga 2008ti itti fufne isiin waliin hojjechuf, bara darbee gibiiraa, projeektoota olla keessan keessati xummuruf, kan jijiirama dhugaa jireenya keessan keessati kamuuniti ijaarun godhu, iddo walifaana dhiyeesa, fi ba'ina-walimakummaa kan cimiina keenya ta'e akka magaalaati ayyanefataa.

Dhugumaan,
Komiitee to'ataa Gibiira Iddo-Bashannanoota

Komiitee to'ataa Gibiira Iddo-Bashannanootaa Toora funduraa Mirgaa gara Bitaati: Cheryl Klinker, Russ Brubaker, Joyce Moty, Lisa Chun; Toora Booddee Mirgaa gara Bitaati: Terry Holme, Alec Stephens, Don Harper, Doug Dunham, Jeff Hou, Neal Adams; not pictured are: Alan Alabastro, Maisha Barnett, Philippe Jeoffroy, Sharon Lee, Peter Lukevich, Adrian Moroles.

Borii isa ba'e gaari ijaaru

Xiqqeesu, Irra-deebi'ani Fayyadamu, Irra-deebi'ani Tosshu

Gibiiri kun carraa simaa umee itti-gaafatama magaalichaa cimaa deemu agaarsiisera.

Iddon-bashannanoota amma projeekti kapiitaan fuula cimaa agarsiisu. Sagantaan cimaan ijaarsa amma kan ofi keessati qabatu, karoora marii miseensota kamuuniti, gatii marsaa-lubbu (lifecycle) projeekti keessati si'ayu hubachiisu, fi ummataf bu'a dabalu.

Fuulon kun lagoota fi bosonootaf dalaga isaani umamaa dabalu, fi miiddha naanno xiqqeesu, gati dalagaa fi supphu xiqqeesu, fi iddo fayyaa,fi nageenya walifaana dhiyeessa,

Bulchiinsaa Naannoo

Gibiiri kun maallaqa dhiyeessa iddo-bashannanotaaf, akka barumsa naanno fi carraa bulchiinsa dhiyeesu, fi iddon bashannanoota fakkeenya gaari carraaqii naannof akka qopphefatani gargaara. Waggaa arfan jalqabaa keessati, iddon-bashannanoota:

- Kaampii guyyaa bonaa irrati waan naannoof barbaachisaa taan itti dabalaniru giddu galeessa kamuniiti 25 hundaa keessati, amma kan ijoolle 500 torbannin tajaajilu;
- Ijoolle 3,500 waggaan sagantaa barumsa naannoti fideera.
- Shaakala maanejmeent baa'e gaari ta'an 9 irra-deebiani ilaalaniru. Qajeelcha hubanna naanno akkamiin akka iddon-bashannanoota dalaga isanii dalagan, fi hojjeetoota hundee hundaaf leenjisera, fi
- $350,000 sagantaa kana gargaaruf argu danda'era

Artii Yeroo

Bara 1973 kaasse %1 sagantaa Artiif inni adaa boonaa Seattle. Akkasumas hojii baa'e beekama fi jaallatamaa ta'e nu fideera, kan "Sadako and the Thousand Cranes" 'Peace park' keessati, "Hammering Man" muzieem artii Seattle dawoontawoni keessa, fi "Black Sun" Volunteer Park keessaa ofi keessati qabata. Baajeta projeekti tokko irra %1 artii dhaf baasu irra, paarkoni plaana artii kan baasu Waajira Qunnamtii Artii fi Aadaa irra affeeru murteffatani akka karoora artii kaasuf horii $900,000 jirun.

Plaani kun kan xiyyeeffatu jireenya magaalaa irra kan afuura fudhate fi hundee umamaa kan ofit harkiise uumu irrati ta'a. kan inni ofi keessati qabate: projeektota gurguddaf gargaarsaa , projeektota xixiqqaf gargaarsaa, gargaarsa waggaa jajabeessa artiistik mana keessa, fi barreesaa mana jireenyaa keesaf gargaarsa gochu kan seenaa muuxanno ummataa paarkota keessati onne isa irra uume katabef.

Carraa Tokko Gargaarsa Caalaa Godhuf

Yeroo filtoon Seattle bara 2000 keessa miliiyona $198.2 Gibiira Iddo-bashannanotaf raggaasisani Carraa Gargaarsa projeektota gudina paarkota argame hin beekne, fi Qabannaa Lafaa of keessati qabate ture.

Komiiteen Lammoota To'anna Gibiira Paarkii Projeektii Carraa Gargaarsaa ilaalu fi filuf haalaa tokko tokko qoppheese; kawunsiili magaalaa fi seera gibiir irrati hunda'e. Dimshaashan, dursi kan keenname projeektoota waa'e hirdhanna paarki ykn iddo bana keesumatu naanno guddataa jiran, magaalaa keessafi iddo magaalaa, fi naanno deebi'ani guddataa jiran tuqanif.

Innis projeektoota yeroo gibiiri kun uumame hin yaadamiin turan kaasuf filanno nu laata.

Gatii Cimaa Investimeenti Cimaa dhaf

Nuti gatii investimeenti karaa lama ilaalla. Tokkoffan kan qabamu danda'u, tajajiilota fi manoota itti fayyadamnu tokko tokkoo olloota Seattle keessati guddata jiran. Iddo banaan haaraa daanga'an jiru, hojiilee arti haaraa, daandii haaraa millan irra deemamu, dirre kuppha haara fi dirre taphaa haaraa irra taphatamu, naanno haaraa iddo Fidon hidhaa malee irra burraaqu, manoota haaraa waliga'i sabaa fi ayyaaneffanaf, fi manneeti fincaani foyya'ani. Tokko tokkoon projeektii kanaa gaarumma jireenya keenya fi jireenyaf ta'umsa olloota keenya dabala.

Lammafaa: gatii waliiti qabaatu jira kan porjektootn kun Seattle itti fidan akka magaalaati. Yeroo kirrii ebbaa tokko murre tokkoti darbaa deemnu dhaalli gibiraa faara (shape) qabata. Kennaa yeroo dheera turu dha gadaa keenya irra isa itti aanufi.

Bergen Place Park

Hanga Nuti Yaadne Caalaa Gatii Qaba

Yoo ati Gibiiri Paarkotaa gatii fuulaa(face value) miliiyona $198.2 qofaa baasa jettee yaadde; si dinqiisiisa jireenya isa jalqabaa walaakaa keessati Gargaarsi Gibiiraa miliyona 14 caalaa dhan walitdhufu isa yeroo bartu.

- Buusan dhuunfaa fi korporeetota Flo Ware fi Homer Harris parks fi Dirreetaphaa Cascade jajabeesuf eyyameera.
- Gargaarsi King County lafa caalaa Thornton Creek dha dirree kuppha haaromsu, fi paarkota ollaa baa'ef lafa daangesuf gargaargaarera.
- Gargaarsi Metro Mitigation (Gargaarsa Kamuunity Alki Guddiisu) naanno umamaa keessa Me-Kwa-Mooks itti akka qabeenyan daangeesamu gargaarera.

Qobaa Keenya Hin Goonu Ture

Maallaqa gibiira kaffalton karaa gibiira kanaa dhiyeessan, gargaarsa inni irrati hojjeete argate darbe, dandeeti waa uumu, itti oflaachu, gaarummaa mi'ayaa olloota paarki, deggeertoota fi jajjabeesitoota male projeektiin tokko ille fixaan hin ba'u ture. Nuti dhaabilee ollootaa hundaa, Seattle Parks Foundation, Waajira Qunnamtii Artii fi Aadaa, King County, fi deeggertota keenya biraa dhuunfa fi ummataa hunda ni galateffanna.

2000-2004 Gababati
2000 Gibiira Paarkii – Foyya'ina Mallaqaa

(Lakkofsi hundaa miliyonani)	Gargaarsa			Baasi	Hambaa
	Gibiira	Kan-bira	Walit-qabaa	Walit-qabaa	Hafaa
Kan-argame	$26.0	$9.1	$35.1	$23.2	$11.9
Guddina	$102.8	$4.0	$106.9	$36.9	$70.0
Carraa Gargaarsaa	$10.0	$1.2	$11.2	$4.4	$6.8
Saganta fi Hojjechiisu	$61.4		$61.4	$24.7	$36.6
Walit-qabaa	**$200.2**	**$14.4**	**$214.5**	**$89.2**	**$125.3**

Surra Gudda : Ilaalcha Irra-keessa Gargaarsa Tokkoo

Gibiira kanaaf, waggaa waggan lubbu isa waggaa 8 keessati gargaarsi sasabamee baasiin godhameera.

(Lakkofsi hundaa miliyonani)

Kan-argame

Paarkii Olla irra kan-argame $16.0
Iddo Magariisa irra kan-argame $10.0
Walit-qabaa $26.0

Kan-argame

Guddina $52.8
Paarkii Olla Gudguddaa $23.1
Dirre-taphaa fi manneeti $17.9
Daandota $9.0
Walit-qabaa $102.8

Kan-argame $10.0

Environmental Stewardship, Maintenance and Programming

New Park/Green Space Maintenance $7.6
Environmental Stewardship $9.7
Enhanced Park & Facility Maintenance $5.3
Recreational Programming $16.9
Zoo Programming $21.8
Total $61.3

Walit-qabaa mallaqa fayyadame $200.2

Burqaa mallaqaa fundurati yaadame

Argannaa gibiira irra $198.2
Galii bu'a irra (araxaa irra) $2.0

Jireenya namoota keenyaa baa'e daddhaboo ta'ani jajjabeesu

Dargaggoota Hoggantoota

"Ani mana-barumsaa hin deemne 'sababa waan mana barumsaaf barbaachisu hin qabaanne turef, garu eddan boorsaa-dugdaa kana qodaa(meeshaa) kana hundaa waliin argaddhe, ani arfaasa kana mana-barumsaa yaalu nan yaada.'
—Dargaggeesa mana-hinqabne ana-barumsaa oli-aana dhiise bahe okko.

Jarri egere keenya. Nu irra qabu hanga akka gaari itti dandeeti jireenyaa fi hogganummaa baranit, dirqama tajajiila barumsaa isanii guutanit fi lubbu isaani guutu bartu ta'aniti. Kana gochuufi Gibiirichi gargaarsa dhiyeessa; Guddina Hogganaa Dargaggeesaf tokko tokkoo gidugaleesa komuniiti paarkota 26niti.

Gibiirichi parkoon akka sochiile saganta'e yeroo dha yerooti dargaggotaf tokko tokkoo giddu-galeessa kamuuniti keessati dhiyeesan dandeesisa. Isaan gara dargaggoota 4,500 waggan, fi torbaniin hanga 1,600 magaalaa gutuumma irrati ofiiti harkiisu,. Hoggantoon dargaggoota gargaaraniru akka saganta waliinqoddatan kawunsiili gorsitoota, biziinasa naannoo, ejensoota bu'aa-male waliin kan amma mata mataa iddoti 8 hanga 35 waggan ta'an. Hojjetoota parkoota bira waliin waligalte uumu, kan akka ogeessa umamaa(natural specialist), garehojii daandi waliinin, muxxanno hojii aduniyaa dhugaa, fi barnoota fi dinqifannaa waa'e umama aduniyaa keenyaa laachu danda'a. Gatiin isaa kan jiraatu sagantoota kabaja fi cimiina dhuunfaa waggota dargagguma cimoo keessati ijaaran keessa.

Daaku Bari

Magaala bishaanin marfame jiru keessati, nageenya bishaani barun fi jalqaba yeroo jireenya keessati daakaa barun waan fakkatu dha. Sagantaan Gibiiricha Daakaa Bari inni tokko tokkoo ijollee kutaa 3fa fi 4fafi vawuchera tolaa laata manneeti-barumsaa Seattle, mana-barumsaa dhunfaa fi ummataf. Edda jalqabame asi bartooni 22,613 barnoota kana rawwataniiru. Kana keessa 65% daakaa dhaf haaraa dha, fi 30% uffannaa daakaa tolaa gaafatu; kuniis fedhii mallaqaa hubachiisa. Tattafi kana keessati qooda fudhadhtooni Tokkummaa Bishaanin Nyaatamu Dhowuu(Ittisu) Naanno, Hospiitala Ijoollee, Fayyaa Ummataa Seattle fi King County dha.


Daaku Bari

Sagantaa Daakaa Barii Gargaarsa Guddina Ijoollee/Dargaggootaa

Sagantaan ammayyaa kun, waliigaltee haaraa uume 50% dhiyeese sagantoon kan bira kan kanaan gitu akka sagantoota itti dabalani dandeesisa, baa'en isaa manneeti paarkii irrati. Gargaarsi $150,000 waggani kun parkooni akka isaan baa'ina ijoolle waggaa 5-18 tajajiila ga'o hin arganne qaqqabani dandeesisa. Akkasumas wagga waggan qooda fudhadhtoota 40 oli fideera. Horiichi affeerra gosa baa'e Seattle Center, Langston Hughes Performing Arts Center summer muuziqaa dargaggoota, fi ilaalcha barsiisaa Meksiiko Giddu Galeessa Kamuunity South Park

Beekota Umuriin Deeman

Doktoorin Mary Ann akka isheen baa'e sosochootu ajajen akka waldhaansa dhukkuba arthritis ishe keessa kutaa tokkoti. Ega ishen toora galte gammachuf, sochiilee qamaaf, carraa hawaasa dhugaaf,fi gatii danda'amaf sirbuuti kaate. Sun waggaa sadeet dura ture. Hardha isheen hoggantu fedhii dhani dha kutaa barumsa sirbaa keessati. Akkasumas isheen nama jalqabaa dha miseensota kutaa akka isaan 'itti cichan' gorsu dhan.

Yeroo namooni umuriin deeman gara waggota soorataa isaniif walidorgomani, fedhii fuunduraa ilaalun, baa'ina namootaa fi fedhii waan itti gammadani beekunfi sagantaa haaraf karoora baasun barbaachiisaa dha. Gibiirichi akka paarkon kanuma godhan eyyama. Itti dabaleemo 2000 fi 2004 gidduti beektota umuriin deemaniif saganta 50% dabala fida. Paarkon bizinesoota waliin hojjechu uumaa, Group Health Cooperative, tajajiilota maanguddotaa Seattle/King County, Merrill Gardens, Langston Hughes Performing Arts Center, Giddu Galeessa Gargaarsa Fayyaa qopphee fayyaa gargaaruf, namoota umuriin deeme qaxaruuf, "Sound Steps Walking Project" gargaaruf, kaartaa deemsaa fi karaa

Saganntaa Beekumsa Bineennsaa 'Zoo'

Dargaggota saganteessu

agaarsiistu biraa fayyadamun, fi namoota seenan sagantoota namoota umuurin deemani keessati qooda fudhatani hin beekne gargaaruf, deemu itti fufani.

Transporteeshina Ijoollee

"Wow ani kanan dura bosona keessa hin turre!"

— Dargaggeesa tokko kaampingif kaaraa deemaa jiru, Tajajiila Paarkii Biyyaalessaa Cascade kaabaa keessatti waliin.

Furaan ijoolle Sagantoota kallacha keessati qooda fudhachu dha, achiin isaan gaha. Gargaarsi kun horii barbaachisaa ta'e dhiyeessa giddu-galeessa kamuuniti hojjechiisu fi supphu dhaf, tikeeta vani fi atobusaa, doonuu, fi baaburaa bituf. Transporteshiini dargaggota hundaf jira; sadarkaa qabeenyaa isaan itu hin ilaaliin. Hanga hardhati ijoolle 2,800 deemsa bonaa fi kaampi dhan ga'era. 6000 deemsa waggaa mana-barusaa dhan ga'u, 2,400 gara naannoti ba'u, ijoolleen 11,000 qopphee fi sagantoota geeffamaniiru Tajajiiloota Paarkii Biyyaaleessaa, EarthCorps, Giddu-galeessa Sayiinsi Pacific, Iniistituuta Paarkii Olympic, Power of Hope, The Points of Light Institute fi irrati hirmaattota bira waliin.

Ijoolleen Seensa Saganteesu

"Akka haadha mucaa abban waliin hin jirre guddistu tokkoti fi akka bartuu tokkoti, ani keessa bahu hin danda'u ture, egumsa giddu-galeessa kamuuniti Mountlake male. Skolaarshipiin sagantaa mana barumsaa dura fi boodaa dandeeti dalaga barbaadu na keene."

—Warra qooda-fudhattota Sagantaa Mana-barumsa Dura fi Boodaa.

2001-2003 Horiin Gibiiri Paarkii akka paarkoon skolarshipi Mana-barumsaa Dura fi Booda ijoollee 1,000 olif gatii gara $670,000 dhan laatan paarkotaf dandeeti laate.

Sagantoota Zoo

"Nuti dhugumaaf isin galatomsanna mana-barumsaa keenya ilaalu keessan fi waa'e dandeeti bineensota baru nu gargaaru keessanif. Galatooma umama gammachu gochu keessanif!"

—Barataa Sagantaa Beekumsa-Bineennsaa

Woodland Park Zoo inni kan duri isa male ijoollee baa'e daggala isaa ilaalan ofiti harkiisu dandaa'era. Sagantaalen Save Our Amazing Raptors (SOAR), fi WildWise –7,900 edda gibiirichi jalqabame, fi sagantaa reduced-lunchf. Zoon ijoollee 43,542 sagantaale barumsan tajajiile, isaan akka umama aduniyaa beekani fi barbaachisa egumsa gochu baran dandeesise.

Kuusota Bishaani (Wading Pools)

Gibiirichi sagantaa baa'e beekamaa ta'e kana guyyan sa'ati fi guyyoota paarkon bona kuusaa bishaani filaman naanno Seattle itti hojjechisan dabala. Waani gammachiisaan, sagantaan nagaqabeesi bonaa kun hojjeettota leenjisa fi sartifikeeta barbaachisaa ta'e State Health Code for Water Recreation Facilities jalaati qabani dhiyeessa. Inni ijoolleen akka nagaa, qalbiqabaato, ummata adda-addaa kan qaqqabu, fi ollan akka waliiti dhufan fi walbeekan godha.

Kuusota Bishaani (Wading Pools)

Paarkoota Keenya Sadarkaa Oli-aanati Egu

Freeway Park

Muka Egu(akka gaariit qabu): Koree Sadaffaa

Koree sadaffaa dabaluun baa'ise dandeeti paarkon mukoota 140,000 paarkoota baa'e fayyadaman fi guddatan keessa dhaabbatani egu fi supphu dabale. Inni dandeetii paarkoon akka gaariti qabaman marsaa egumsaa uumudhan, sisteema hojii mukaa hordofuu, fi mukoota balaa fidu danda'an maaneeji gochu 50%n dabala.

Waggaa arfan gibiirichaa keessati paarkoni hojii paarkif ajaja hojii rawwatameen 48%n dabaleera, tokko tokkoo mukaa paarkii 45 keessati ilaalera, dalaga dur hin danda'amne ture; fi yeroo atatama qaqqabu irra gara marsaa waggaa 10n damee goge fi hin barbaachisne muruti darbe. Tarkaanfin kun paarkotan egumsa boodati hafee ture akka qaqqaban fi fayyaa fi lubbu dheerina mukoota miliyoona 1.3 Seattle gargaara.

Koree Naanno Umamaa

Koreen kun dandeeti koree lafa paarkii naannoo umamaa deebisani ijaaru, daandi toshu fi supphuu, fi tattaafi hogganummaa fedhiini gargaara.

Hardha koreen kun lafa acre 9.6 deebiise ijaarera, biqiiloota fi mukoota 5,300 dhaabe egeera, dalaga fedhiin saa'a 11,000 paarkii 100 caalu keessati deggereera, fi gargaarsa lafa irra tokkicha kan ta'e Mayor Nickels' Green Seattle Partnershipfi godheera..

Green Lake Park

Lafa/Dirree Sochilee qaamaa Koree supphaa

Koreen kun dandeetii paarkoni lafa isaani fi dirree kuppha isaani haala oli-aanati egan gargaara, innis hojii humnaa baa'e barbaada. Hardha koreen kun projeekti dirree kupphaa 34 rawwateera, suppha addaa godheera diree baa'isani fayyadamaniif torban 6 jahan ykn 8 saddetiin, tattafi fedhi gudguddaa jaha gargaarera. Itti dabale hojii lafa 38 xummuraniiru, kan lafa(madabii) muki gaggabaaban irra dhaabbatte haaromsu, biqiilaa hin barbaachisne buqqisuu, laastiki biqiilaati maru akka hin dilaloof, dame goge fi hin barbaachisne muru, karaa hojjechu, akka biqiiluf facaasu, fi qilleensa gashuf gaggalagalchu of keessati qabate jira.

Egumsa Paarkii Jajjabaate

Gibiirichi hojjetoota dhiyeessa kana jechuun, paarkoni paarkota fi mana-fincaani qulqullessuu ni danda'u, yeroo waggaa fi guyyaa isaan baa'isani fayyadamani. Paarkoni yeroo baa'e fayyadamni qulqulla'ani 2002

Dirre-taphaa Othello

Koreen Fedhiin-gargaartota Waliin

keessa kan 52 turan gara 98ti oli ka'aniru 2004 keessa. Koreen kun guubo kosii kaasu fi kosii sasaabuti hojii sadarkaa oli-ka'a hojjeta, qopphe kamuunity gargaaraa, bishaan kuusame fi seensa paarkii keessa seene qulqulleessa. Inni gara gita namota 10 dabaleera, akkasumas koree waliti makuun si'auma fideera. Koreewan kun kan hardha uffanna adda uffatani kan akka qaxaramtoota paarkotati isaan beeksisu, jireenya paarkotati sima baga nagaan dhuftani dhiyeessu; gaafile fayyadamtota paarki deebisun ni gargaaru.

Giddu-galeessa Kamuuniti Qulqulleesuu

Paarkoni koree hojjeeta qulqullina bobbaasu kan gibiirichan akka sirriti gargaaramani. Paarkota haga danda'amet qulqullu tasisu dhaf, keesumatu yeroo isaan baa'e fayyadamanif qoppheesuf. Isaani iddo baa'e fayyadamani irrati xiyyeffatu kan akka seensaa, mana-fiincaani, kutaa walga'i, lafa gym, fi foddoota (maskootota). Akkasumas isaan ni walawaalu, vaakumi godhu, owaara qulqulleesu, girgiida qulqulleesu, qoda tarren kaa'u, fi qopphe gargaaru.

Kitaabni haaran ilaalcha manneeti sisteema sadarkeesu dhiyeesa qulqullina manaa safaaruf fi korewan irra maali akka egamu lafa ka'a, jireenyi hojjetto kana hojjetton bashannana akka sagantaa haaraa fi tajajiila beede guddisu irrati xiyyeffatan eyyama.

Kuusaa Bishaani Caalaa Qulqulluu

"Amma kutaan meeshan keessa ta'u caalaa qulqullu dha" jedhe barreese beeden gammadan tokko. "Maaloo galateeffadha namicha supphaa sana" Kusooni bishaani Seattle yeroo dheeraf hijjeetaa caalaa barbaadaa turani kusoota bishaani qulqulluti eguf, fi gargaarsa dhuma-torbani yoo akka tasaa sistemni cimaan kun waa ta'ef. Gibiirichi hojjettotaf kaffale akka isaan sana fi caalaas godhanf. Kitaaba haaraa ilaalcha kuusoota bishani kan waamicha sadarkaa ijaan ilaalu fi kataabin caqaasu fayyadamun, isaan manneeti baa'e keesa lixani qulqulleesu, qopphota gargaaru, bakka kuusooni baa'e fayyadamanit fedhii guutuf qaqqabu gargaaru.

Gatii Manneeti Haaraa

Akka qabeenyan paarki haaran argameen fi akka projeektiin paarki haaran xummuramet, gargaarsi gibiirichas egumsa isanif ni baasa.

Paarkii Haaraa Argaachu fi Haarewan Ijaaru

SEATTLEF ADDA

"Seattle qofati," caqasaan tokko hubachise "paarkii lafa kosiin itti gatamu, buufata loltu, qilleensa freeway garraa irra ijaaru." Gibiirichi carra dhiyeesera kara bira qoodafudhatto umaani, maallaqa sasaban, fi paarkii ijaaran. Kunoti xiqqon:

Paarkii Homer Harris

Paarkiin kun jeccha "ollaa" jedhamu irra deebi'e ibsa. Hardha sababa namicha aarjaa badhaasaa tokkoo, Gibiira Paarkiif, fi hojii cimaa Dhaaba Paarkii Seattle, iddo magariisa simaa ittu jira 'Central Area" keessa dur itu Paarkiin Homer Harris furaa miciire plaanaa olla Central Area itti lubbu hin umiin kan tokkoyu hin turree. Akkasumas akka nama kabajaamaa fi jallatamaa Seattle itti lakkawama. Dr. Homer Harris iddo ummataa fidirre tappha midhagsee fayyadamtoota kara lachu sammunis, qaamaanis jijiiruu yaade. Deemsi diza'ina paarkii kanaa nama 100 oli ofiti harkiise. Dr. Harris namani baa'e kabajamaa atileetota fi waldhaantota keessa, University Iwo keessati tapphataa 'football' baa'e beekamaa ture; edda akka University Washington itti iyyanno gashachu mogolee isa buusani sababa inni Gurraacha Amerikaani ta'ef. Manni-barumsaa waldhaansaa fi loltu ta'un yeroo dheeraf itti fufe. Dr. Harris yeroo dhi'o soorata ba'e wagga 43, gadaa lamaaf Dermatology ummata Seattlef shakaalaa ture.

International District Chinatown Community Center

Giddu-galeesi Kamuuniti International District Chinatown, yeroo dheeraf abjuu ollaa International District Chinatown fi waan furaa plaana ollaa 1998 kan ture, giddu-galeesi haaraan kun ayyaana cimaadhan Fulbaana 2004 baname. Iddo haaraan kamuunitiin waliti qabamu kun kan gargaarame Carraa Gargaarsa Gibiiricha fi Gibiira 1999 Giddu-galeesota Kamuuniti dhan, wali faana jiru Fuula lammafaa International District Village Square, manaa maatii, damee mana-kitaaba tokko, wajiirota, fi iddo nagadaa bakka paarkii makiinaa duri, giddu galeesi kun sagantoota baa'e namoota umurii hundaaf. Baa'en isaa adaa olichaan walqabataa dha – martial arts, spoortii, artii fi kraftii, fi qopphe maati adda.

Paarkii Magnuson Naanno Hidhaa-Malee

Naanno hidhaa-malee 11 Seattle keessa jiran keessaa inni guddan hundaa caalu kun onne saroota fi warra sarotaa itti gammachu fida; paarkiin jalqaaba Seaatle kan bufaata Humna Qilleensaa Waraana Bishaani irra(Naval Air Station) daraare kuniis akkasuma. Asi acre sagaltu jira iddon sarooni burraqani tapphatani yerro warri isaani bashannanani fi namaan waliqunnamani, fi inni bakka sareen daakaa itti daaku dandeesu iddo tokkicha dha. Inni daandii 'wheelchair' irra deemu danda'u, naanno banaa, fi naanno adda warra sare gudguddota waliin waliti maku hin barbaadnef. Foyya'inni malkaa, ededa bishaani dhagaa gudgudda fi jirmaan egame,akka cimuuf, mukkoni gaggabaabon fi margi bajji keessa, naannon aspaalti uffate trafiika baa'ef iddo ta'u ofi keessati qabate jira.

Paarkii Minera Springs



Mineral Springs Park

Paarkiin addaa NorthGate kun spoorti fi artii akka fakkatuti waliin makeera; kan siirti hojjetu. Paarkota Seattle keessa jiran keessaa tokkof mana. Disc Golf Courses lama qofa ittu jira kan namooni fedhi qabani biqiilaa fi eggataa bakka murta'et taphatanii artii agaarsiisan. 'Screens" umamaa fi ijaarsaa namoota dhi'o jiran, manneeti, fi makiinaa egu. Plaani ollaa Aurora-Lincoln parkii kana akka yaadamufi qabuti beeken. Waliga'I kamuuniti sadi duwwa fudhate diza'ina gochuf waligalte irra ga'uf. Diza'ni kun seena isa keessa kan mullaatu manneeti, fi qonna xixiiqa ni ega, waa'e lafa yaadni laatame, seena gidgidda dhagaa keessan, sadarkaa, bishaan ciise xixiqqaa, fi biqiilaa nama mararaan dha.

Deemsi artiichaa kan agaarsiisu "Hurrii Dhgootaa" mata-dure nageenyaa waliin addaan qooda waan sochii hurri mataa olii calaqqeesu fakkaate. Artistii baa'e beekamaa Stacy Levy dhan. Inni bakka ofi gadhiisan itti bashannana deeman qabxiile fhedhii waliini laata, iddo do'attoni iti aara gashatani.

Homer Harris Park

Argannaa Smith Cove

Badhaasni acre 7.3 Interbay kun fakkeenya akkamiin, hiika kamuunitii dhan, nuti qabeenyaa seenaa waliini tokko (waa'en kanaa: Qabeenyaa Humna waraana Bishaan irra U.S) gara namnii hundumtu itti gammaduti galagaalchu dha. Deggersa King County fi Gargaarsa Foyya'ina Paarkii Shorline inni qabeenyaan kutaa-lamaa kun iddo ollaan dhaqu ta'a. Paarkiin gararraa acre 2.4, kan 2004 banamee jaallattu Paarkii Magnolia duri Ursula Judkins itti mogga'e, ilaalcha qulqullu Elliot Bay fi Downtown Seattle laata. Paarkiin gadjalla gara acre 5n, ilaalcha wali qixxe dha Nooraa (riqicha) Magnolia fi Elliot Bay Marina gidduuti. Foyyesitoni dhumaa kaabaa bakkichaa yeroof dargaggotaf akka bakka spoortiti dhiyeessu.

Qabxii Ilaalchaa Ursula Judkins

Paarkii Ward Spring

Paarkii Ward Spring

Paarkii xiqqon hundee Queen Anne jalaa kuni tarkaanfi humna ollaa mirkanneesa. Bakki yeroo tokko iddo bishaan itti afuufan (pump godhani) ture hardha iddo dinqisiisa namni itti walga'u dha; daandii daddabaa waliin xummurame, iddo banaa tokko, haala ilaalcha lafaa, meeshaa taphaa ammayyaa, mana shuphee irra ijaarame mannipaampi seena qabeesi waliga'if jira. Fi ilaalcha dhuma hin qabne Downtown fi Space Needle. Gargaarsa Neighborhood Matching Fund, King County, the levy, fi kenna kamuuniti irra argame biraan fayyadame bu'aa argaa ollati, ni tajajiila kamuuniiti namoota baa'e qabu kana.

Belltown Cottage Park

Altokko tokko namooni yeroo godoo Belltown bira darbani waa lama fudhatu; Godoo xixiiqon kun maali hojjetu Belltown walaaka dha? Projeektichi onne ollaa guddataa jiruu kana irra burqe. Godoon kun mallatoo mana 11 keessa warra dhumaa bakka kana irrati 1916 ijaraman, kan staila ijarsa manaa adda 1850-1920 Deny Regrade irra tamsa'ani turani dha. Paarkiin kun kan inni bakka bu'u hojii wagga dheera daddhabii male fi sassabba gargaarsaa hiryottan Belltown P-Patch, ilaachaf artii gasshu, 40-plot P-patch tokko, daandii tokko, fi iddo walga'i tokko. Goodoleen kun, akka turaniit haaromani, barresitoota ofi keessa jiraachisu, Mana Richard Hugo irra, seesota barreesa magaalaa tokko, kan Cpitol Hill irra hunda'e.



Paarkii Ward Spring

Licton Springs Park

WAAN GATII LAANUF EGU

Akka magaalaa dargaggeesa naanno dinqisiisa tokko keessati, nuti seena fi ilaalcha irra gatii addaa keenya,. Kunooti iddoleen xiqqon nuti "deemsicha deemne."

Qabannaa Paarki Qarre Fremont

Paarkoon badhaasa qabeenyaa kanaa kan argaatani edda ollaani gurguuraf ta'u isa hubate booda, Kennaa dhuunfa fi dhaabotaa, Neighborhood Matching Fund, the Opportunity Fund, fi King County Conservation Futures Tax funds fayyadamuni. Parkooni ni guddisu paarki kana Levy Opportunity Funds fi Neighborhood Matching Funds dhan carraa guutumman Puget Sound gararra ilaalu, Washington Ship Canal, fi Olympic Mountains, argachuf. Paarkichi kan dhiyeesu, iddo oli kaa ilaalchaf, haala ilaalcha lafaa, naanno muka qabu, bajii tokko, karaa deemsaa, lixa aduu galgaalaa ilaaluf baraandaa tokko.

Foyya'inoota Seensa Dirretaphaa Hiawatha

Paarkichii seena qabeesi kuni, kutaa diza'ina Olmsted, kan waggaa dheeraf dirretaphaa baa'e baldhaa Seattle ture, immaanyii ture ijaarsa Giddu-galeessa Komuuniiti Hiawath isa birati ijaaramef, karaa deemsaa dabalameef, taphoota gadaa baa'ef namoota umurii hundaa Weast Seattlen taphataamef. Egaa amma projeektiin Gibiira kan gargaarsa ilaalcha lafaa haaraa dhiyeesu, seensa irrati madaabii biqiilaa bishan obafamu, meeshaa manaa fi sadarkaa ibsaa haaraa kan diza'ina plaana Olmsted isa jalqabaa yadachiisuf.

Paarkii Horiuchi

Paarkii haaraan kun olloota Centra Areaf iddo isan iaalcha Mount Rainer fi Rainer Valley itti gammadani dhiyeesa. Akkasumas maqaa isaan C. Paul Horiuchi duri beeksisa, artistoota baa'e bekamoo fi kabajamoota Seattle keessa kan tokko ture, buusaa adaa hammana hin jedhamne lubbu magaalaf buusef. Akka artiistiti bekamuu isaa dura, Horuchi mana qaama makiinaa itti toshan qaba ture, blookii lama duwwa paarkicha irra 12 Avenue "Fir Street" bira. Communityr Development Block Grant funds kan jedhaman sadarkaa Boren Avenue irra gara bakka sanaa qajeelchu. Iddo xiqqo namni itti walga'u, karaa tokko, mukoota haaraa, hojii ilaalcha lafaa fi bishaan obaasu dhiyeese.

Paul, Jr. and Bernadette Horiuchi

Paarkii Licton Springs

Paarkiin naanno North-Gate kun yeroo tokko mana giddu-galeessa waldhaansaa Hindoota Warra-Biyyaa ture, kan mana xixiqqo akka afuuri dafqisiisuf iaraani bishaani buqiitotaa mineraalaa keessati dhiqatani. Qubattoni edda Seattle dhufani booda, isaniis burqitoota kana keessati dhiqatani. Bakki isaa iddo bashannanafi keesa deeman ture yeroo dheeraf hanga E.A. Jensen bite bakka dhiqaanna bishaan o'aa (SPA) ijaareti,; fi 1960 paarkii ta'e. Licton Springs ammayu ni yaa'a, yoo ille burqaa dhugaa irra gara hujummota gara sisteema karaa loolaa magaala itti ta'eu. Paarkiici iddo taphaa baldhaa qaba; Sadarkaa oli aanati foyya'e 1996 itti. The Levy Opportunity Fund horii dhiyeese karaa deemsaa "IronSprings"n iddo buusuf, paarkii keessa kan jiraan 3n keessaa tokko, haaraa tokkon kan namoota daddhabii-qaamaa qaban seensiisu danda'u. Hiriyooni cimoon Licton Springs caffee paarkii kanaa egu itti fufu. ccane

Naannoo Umamaa Me-Kwa-Mooks



1993 kaasse, yeroo magaalan seeraa iddo magaarisaa hojii irra oshe egumsa iddo magariisa, paarkii olloota, Me-Kwa-Mooks Jacobsen Alliance,Egumsa Lafaa Cascade, fi Paarkoota Seattle cimsuuf, idoo jallatamaa magarisa West Seattle acre 3.5f egumsa gochuf hojjetaniru. Bu'an Me-Kwa-Mooks fidu kan of keessati qabatee, egumsa

New Jefferson Park Pathway

Hitt's Hill Park

Qbxii Ilaachaa Mt Baker Ridge

ilaalcha umamaa lafaa fi lubuqabeessa irra jiraatani, daangaa umamaa fayyadama lafaa adda-addaf, sagale fi manca'ina qilleensa xiqqeesu, karaa lolaa umamaa, fi sisteema karaa lolaa baasuf fedhii xiqqeesu.

Ilaalcha Mt. Baker Ridge

Ilaalchi bira gatiin isa hammana hin jedhamne gammachu ummataaf egame, Qabxiin Ilaalchaa Mt.Baker Ridge ilaalcha garga lixaa downtown, Elliot Bay, fi Olympic Mountains laata. Opportunity Fund bittaa lafa kanaa gargaare. Kamuunitiin murteeffatan kun Neighborhood Matching Funds fudhate paarkicha plaani fi diza'ina gochuf. Isaani Ijaarasaf hori sasabu rawwachuf irrati cimsani hojjeeta jiru.

PAARKII TOKKOO OLI

Paarkoon tokko tokkoo waan baa'e fi akka kamuuniti itti enyu akka nuti taane seena himuu tajajiilu. Fakkeenyoni tokko tokkoo kunooti kan Gibiircha irra yaada baa'e barbaachisaa fudhatan.

Foyya'inoota Paarkii Carkeek

Paarkiin daggalaa kun kan waan hundaa fakkaatu, giddu galeessa barumsa naanno irra kaasse hangaa naannoo ijoollen mukaan taphattu, daandii, fi fuundura bishaan Puget Sound, jijiirama keessa deeme akka ummataf tajajiila caalaa laatu fi daandota fayyeesani xurri Piper's Creek laga salmon (qurxummi) itti wali horu irra xiqqeesaniru. Daandota foyyeesun, tattaafi muka dhaabba ollootan waliqabate, kara cimaa uma namoota fi bineensota-manaa laga irra dhowuf.

Gara-agarsiiston haaraan akka do'atton gara deeman barani geography fi ecology paarkiicha keessa deeman gargaara; jiraattota froyyesun lubbu-qabeessa daggalaa biyyaa eyyama, mukoota hinbarbaadamne kaasun plaana maanejmeenti bosonaa hoji irra oshu deggera. Gargaarsa kamuuniti fi fedhiin gargaartota arjoota male kan projeekti Gibiiricha "Guddise", baa'en hojii kana dalagamu hin danda'u ture.

Dirretaphaa Rainier

Bakka lubbuqabeessa kanati, dirretaphaa baa'e itti fayyadamame, karaa deemsaa dhiyo rawwatamani, gara-agarsiitota, fi haali lafaa dirricha nagaa taasisa, caalati itti fayyadamama, fi baa'eti caalaa mararamaa. Gibiirichi gara-agarsiistota danda'am hojjeete akka lafoon karaa nagaa fi karaa baa'e mija'a irra qajelan, fi karaa seensota gara paarkii kan qulqulluti mallata'an.

Karaa-Deemsaa Paarkii Jefferson

Iddo namni dhaqu kun Paarkiin Olmsted Beacon Hill gubbaa sababa ta'ef dhiyooti jijiirama keesa gala. Yeroo Seattle Public Utility inni gaani isa uwwaale ukkamsuu 2006 kaasse, lafa paarkii fayyadamu danda'amu haaraan gara acre 12 ta'utu argama. Karaan lafo/figiichaa 2/3 mile iddo cimaa sochiile qaamaf dhiyeessa, kutaa kibbaa paarki Jeferson inni waliqunnamsisa.

Paarkii Hitt's Hill

Paarkii haaraan kun kan Kibba-baha Seattle kan magaalaa keessati jireenya jalqabee bakka Hitt's Fireworks Factory ta'etu. Kan seenaa Pyrotechnic hojjeete 1905 kaasse hanga gara dhuma1970 cufameet. Yeroo kamuunitiin bakka sana akka waan jalqabaa fi carraa baa'e hin argamneti hubate, paarkoni qabeenya kana ni fudhatani. Levy Opportunity Fund, Neighborhood Matching Fund, King County Natural Resources Network, fi burqaalen bira daandilee dhaf, qabxii ilaalchaf, haala-lafaaf, seensa paarkiif, gara-agarsiistoa kan kana makoota jannata magaala godhe.

Dirre-Taphaa Mana-barumsaa Graham Hill

Lafa Atakiilti kamuuniti Magnuson

KAMUUNITOOTA IJAARU

Akka tasaa waan tokkoyu kamuunitoota walithinfidu akka ilaalcha isa foyyesu tokko hirmaachuu. Nufi, sun hiika paarki dha, fi kunooti waligaltooni baa'e jajamani.

Paarkii Bergen Place

Iddoo gammachiisan onne naanno bizinassa Balard kun, 1975ti Nuguusa biyya Norway King Olav inn ebifame baname; waggaa 25 booda paarkiin bosonaa kun umuuri isa agaarsiise, akkasumas projeektii haaromsu plaana Crown Hill/Ballard Neighborhood plan itti dabalame.

Paarkiin dhiyooti haarome, amma iddo banaa, aduti banama, kan godoo qabu, xarapheezota naanno dhedheero, haala lafaa haaraa, elektriika, hojii artii haaraa, lafa iddo bana sana irra. Bakke iddo bana irra, dhagoon biyyota Scandinavian shanan fi dezai'na artii tokko tokkoo isani agaarsiisu, akkasumas tokko odefaanno seena Norway ofkeessati qabateera. "Muki Imaanyii" Jen Dixon foormii umamaa Scandnavia fi Balard yaadachiisa.

Lafoota Atakiilti Bradner

Paarkii lafa Atakiiltii Bradner

Nagaa gaafannan biraa yaada fi murteffannan komuuniti, Lafti Atakiilti Bardner do'attota isa affeera kan iddon bira Seattle keessa hin goone caalaa. Paarkiin mararaaman Mt. Baker kun iddoo jireenyaa lubbu-qabeessa bosonaa dha, Seattle Tilth, 61-plot P-patch tokko, iddo atakiilti ijoolle tokko, naanno taphaa tokko, iddo waa itti agaarsiisan, iddo taphaa basketball, Master Gardener theme gardens, qabbana atakiilti kan ijaare fi diza'ina godhee University of Washington architecture students dha.

Asiti waan baa'e gatii qabu artii dha: xarapheezan tokko salmon(qurxummi) dha, meeshan lafa atakiilti daandota uumu, girgiddan mana fincaani surraa midhagiinaf hojjetame tokko! Manni kamuuniti Badhaasa Ulfiina 2003 American Institute of Architects irra argatee, waliti dhufiina kamuunitif jira.

Paarkii A.B. Ernst

Lafti hirrangade tullu Fremont kan yeroo tokko dimma itti hin bahamne ture, amma karaa cimaa bishaan dhimmisu fi guddata jiru, dirre taphaa kamuuniti kan: kan duri isaa male, do'i artii yeroofi kan hin sagantofine agaarsiisa kan hardha yoo jiraate bori hin jirre, girgiiddan madaboota atakiilti artii dhan guutaman, haala lafaa biqiilaa biyyan guutaman, iddo ta'umsaa qabu. Iddon ta'umsaa do'anna kan namoota 150 hanga 200 teesiisuu, ilaalcha Downtown Seattle laata. Paarkiin haaraan kun qunnamtii lafo N 34th and N 35th Streets.

Abbaa seena Fremont Library itti aane kan jiru, paarkiin kun Fremont Neighborhood Plan itti yaadame ture, akkasumas Gibiirichi plaana, diza'ina, isaa fi ijaarsa isaaf kaffale. Maqaan isaa kan beeksiisuu A.B. Ernst inni, jaarra 20fa jallqabaa miseensa boordi paarkii Seattle's Olmsted parks plan hojii irra oshuf meesha kan ture.

Naanno taphaa Wallingford

Paarkii olla hammana jaalltame fi itti fayyadamame, Wallingford Neighborhood Plan keesati akka oli foyya'uf kan beekamee, fuula haaraa fudhateera.

The levy and the Neighborhood Matching Fund seensa paarkii fi kuusaa bishaani haromsuf, meeshaa taphaa haaraa dhaabu, karaa lixaa gararra ilaalcha gara tennis courts, haala lafaa haaraa, naanno deemsaa tokko xarapheezota waliin, fi xarapheeza

Naanno Taphaa Wallingford

Linden Orchard Park

bashannanaa tokko, xarapheezota fi utuboota ibsaa haaraa. The Friends of Wallingford Playfield daangaa lixaa irrati iddo atakiiltii biqiilaa biyaa gammachiisa umaniiru.

Linden Orchard

Badhaasan olla keessa kun horco'l(hambaa) original Homestead dha; amma bajji margaa, P-patch, mukoota firii(ija) haaraa, haalaa lafaa waa irra nyaatamuu, kan hundummtuu seenu, iddo walga'i ollaa tokko, fi naanno taphaa ijoolle tokko. Gargaarsi arganna kanafi kan dhufe levy, King County, and the State of Washington; funding for development came from the levy, the Neighborhood Matching Fund, and community-generated contributions irrati.

Iddo Atakiiltii Magnuson

Iddo yeroo tokko makiinan dhabbataa ture, amma iddo atakiilti jajamaatu jira. The levy, the Neighborhood Matching Fund, gargaartota dhuunfan gargaarame, iddo oli ka'a qaba do'anna agarsistotaf, karaa deemsaa wheelchair seenu danda'a, giddu galeessa iddo atakiilti biqilaa biyya fi iddo atakiilti do'anna, muka tokko, 135-plot P-patch tokko, fi namooni naanno bareedina, kamuuniti, fayyan jiraachu, fi hogganumma itti akka gammadan jajjaabessa.

Dirre-taphaa Mana-barumsaa Graham Hill

Joni Mitchell inni dhifama gaafataa, iddon makiinan dhaabbatu jannata ta'e bakka kanati. Dirren-Taphaa Mana-barumsaa yeroo barumsi hin jirre akka iddo makiinaa dhaabiti kamuuniti tajajiila. Levy funds, Neighborhood Matching funds, Parks Gray to Green funds, a King County Youth Sports Facilities grant, fi murteffannaa kamuuniti gargaaramun, bakk kun amma dirre-taphaa margaa qabuun, hoggantoota giddu sadiin, meesha taphaa, biqiilaa biyyaa dhaabun, fi xarapheezotan nama hawwata.

Paarkii Counterbalance

Galmi yeroo dheera olloota Queen Anne paarkii naanno arifataa (o'aa) Uptown keessati ture, kan nagadota gobbu fi jiraattota fayyadu. Deemsi bakka filaa ofi keessati qabate horii levy and King County Conservation Futures Tax funds dhan bittaa iddo Queen Anne Avenue N and Roy Street itti geese.

Deemsi kamuuniti paarkii haaraa kana diza'ina gochu deemaa jira. Iddo cimaa magaalaa ta'uf waadaa gala abbaa seenaa Counterbalance itti aane, kan Seattle durii keessati trolleys tabbati irranole gototuuf counterweights fayyadaman.

Paarkii Queen Anne Uptown itti

Greenwood Park



Mana-Dheessaa Paarkii Cowen

DEGGEERSA DHAALA KEENYAA

Gibiirichi paarkotaaf carraa laatera shakala diza'ina fi guddinaa deggeramu danda'u, kan gatii supphaa xiqqeesu danda'u, naanno irrati miidha xiqqeesu, dalaga ecology paarkota keessati dabalu, fi nageenyaa fi fayyaa namoota ilaalani kan egu akka hojii irra oshan.

Mana-Dheessaa Paarkii Cowen

Manii dullooma guuddan paarkii Olmsted asi keessa kun, 1909 ijaarame, yeroo tokko bakka itti dheessan ta'e ture namoota trolley inni deemani fi ilaaltota paariif; akkasumas gubbaa mana-dheessa bakka-bashannanaa kana irra dhaba waliftotaatu ture. Yeroo haala gadhe keessa gale jedhu, ollaan haaromsu issa waan jalqabaa godhe. Gibiirichi haaromsu kana dhuga godhe hardha komuuniti dhaf bana dha, kutaa sochiile 500suare- foot laataa, manneeti fincaani, gadijallati kutaa waajira, fi gararra dha iddo ilaalcha.

Alki Bathhouse

Waan barbaachiisan kutaan seenaa Alki haambaa iddo do'anna bakka kanaati 1911 ijaarame, kan bakka dhiqanna, iddo

Alki Bathhouse

waa kawwatan, gym tokko, kutaa kilaaba(club), kaafe tokko, baraandaa ilaalcha tokko qabu dha. Gariin isa 1955 digamee itti hin fayyadamne haga artiistotton naanno akka studio fi kutaa barumsaati gara dhuma 1990 itti fayyadamu jalqabaniiti. Hiri'ottan Alki Bathhouse haroomsu issaf horii sasaban, fi gargaarsa bira Levy fi Neighborhood Matching Fund dhan, lubbu haaraa afuura itti baafate mana iddo waan-baae itti fayyadamu danda'amu qabu kanaaf, studio suphee, multi-media art studio tokko, manneeti fincaani kan alaani seenaman. Kamuuniitin amma kan Bathhouse deemu kutaa sochiile, sagantaa naanno, kutaa afaani fi muziiqaa, Log House Museum events, waliga'I kamuuniti, qopphe dargaggoota fi paartii dhaan gammadu dhaf.

Golden Gardens Bathhouse

Iddo isa dinqisiisaa Puget Sound keessati Golden Gardens Park, Bathhouse guutummati haaromsa argate, doolara levy fi Neighborhood Matching Fund dhan. yeroo tokko iddo dhiqannaa fi iddo waa-kawwatani namoota malkaa deemaniif dhiyeeseyu, amma kamuuniti dhaf waan rooga baa'e sagantaa dargaggoota,

Genesee Playfield

kutaa naannoo kan malkaa naanno bishaani irrati xiyyeffate, naanno mana-alaa iddo cimaati itti fayyadamu ykn qayyabanna dhaf, fi iddo qabxii yaadaa waliga'i kamuuniti dhaf.

Dirre-taphaa Meadowbrook

Gargaarsi Gibiiricha dirre 2 fi dirre 3 haaromsun akka danda'amu godhe Meadowbrook itti akka nagaadhan fi gaariti softball fi baseball taphatanif. Dalagichi kan Thornton Creek dhiyoo jiruti dhaga'ame, kan ofi keessati qabate irra keessa lafaa waliqixxeesu, biyyo haaraa irra kaa'u, karaa lolaa baasu, fi sisteema bishaan obaasu, dallaa jijiiru, dallaa nageenyaa dhaabu, fi marga haaraa dha.

Dirre-taphaa Genesee

Projeekti Gibiiricha jalqaba rawwatmu dhaf, dirrewan bareedon fi dirrewan taphatamoon kun amma baa'e barbaadamo dha. Levy, the Cumulative Reserve Fund, and a grant from King County dhan gargaaramu dhan projeektiin kan ofi keessati qabate dirre 2 marga irra gara FieldTurf jijiiru, dallaa nageenyaa, bakka makiinan dhaabbatu irra deebiiani qindeesu, lafo dhaf karaa deemsaa foyya'a, ibsaa karaa, karaa qaxxamuraa lafo dha nageenya foyyeesu dhaf S Genesee Street isa biizi ta'et, fi ibsaa ammayyaa dirrewan 1 fi 2f.

Roxhill Park Wetland Development

Seena qabeessa headwaters of Longfellow Creek kanati caffee gadjalla kosiin aguugera ijaarsa dhiyoo jiru irra 1960 keessa. 1992 Longfellow Creek Watershed Action Plan kan jedhamu lafoota caffe kana irradebi'ani ijaaru, 1996 Westwood Community Council plaana itti baasu jalqabe. Gibiirichi gargaarsa godhe caffe sadi deebisani ijaaru dhaf, kan lafa caffe acre 3 dabalu fi biqiilaa biyyaa haaraa 40,000 oli , dirre kupphaa haaraa sisteema bishaan obaasuu waliin, iddo bashannana seenamu danda'amu, daandile fi riqichoota, fi iddo waliga'i. Hiri'ottan Roxhill Bog amma paartii ji'anin irra debiani ijaarsa gargaaru itti fufa jiru.

Roxhill Park Wetland

Paarkii Greenwood

Kamuunitiin Greenwood jalqaba bakka kana yaada dhiyeese, Otani Greenhouses duri, waggaa 50 dura paarkii dhaf akkasumas Greenwood/Phinney Ridge Neighborhood Plan keessati dabale. Gargaarsi dizaina fi ijaarsaa levy, the Neighborhood Matching Fund, fi a grant from King County irra argame. Paarkiin bareedan kun bajjii, iddo taphaa ijoolle tokko, xiyyo isa irra karaa deemsaa, iddo banaa, mana fincaani tokko, dallaa tokko kan trolley magaalaa giddu beeksisu. Ta'umsa cimaa, ijaarsa dallaa, xaraphezzota, xaraphezza irrati nyaatan, meesha muka dhaabu ykn midhaan facaasu, fi gara agaarsistota hika laatan, akkasumass caffe lolaa qaba kan Seattle Public Utilities Piper's Creek waliin walii qunnamsiisu abdatu bu'aa gaarumma bishani dhiyeesuf.

Woodland Park Zoo

Gargaarsi gibiiricha Zoo dandeesiseera projeektota tokko tokko fixe akka kan bira jalqabuf yeroo fundura deemu plaana qaaman gudina isa yeroo dheerati. Yeroo jalqabaa gibiirichaa kaasse, zoon haalota hiika kaban fixeera Snow Leopard exhibit itti, haaromsu fi kiyyo exhibit caffe itti. Bakka jijiira Red-Crowned Cranes rawwateera, dallaa arbaa irra deebi'e qindeesera akka seeri qunnamtii egumsa qabu godhamuf.

Kan maxxanfame waraqata irra deebi'ame hojjetame irraati, innis kan ofi keessati qabate 25% kan namni duraan itti fayyadame, fi 50% guutmati kirri irra deebi'ame hojjetame irrati kan sadarkaa magaala si'atil dursu.

FOREIGN LANGUAGE TRANSLATIONS AVAILABLE

The Pro Parks Levy Mid-Term Report is also available in eight other languages. You may view copies by visiting the webpages listed below for each language, or you can call (206) 233-7929 and have one sent to you.

Este informe se encuentra disponible en español. Para ver una copia del informe, puede visitar www.seattle.gov/parks/proparks/report/Spanish.pdf o puede llamar al (206) 233-7929 y solicitar que se le envíe una copia.

Ang report na ito ay mayroon sa Tagalog. Upang makita ang kopya ng report, maari kang bumisita sa www.seattle.gov/parks/proparks/report/Tagalog.pdf o maari mong tawagan ang (206) 233-7929 at humiling ng kopya na ipadala sa iyo.

Waxaad warbixintani helaysaa iyadoo Af Soomaali ah. Si aad u aragtid koobiga warbixinta, waxaad soo booqan kartaa www.seattle.gov/parks/proparks/report/Somali.pdf ama waxaad wici kartaa (206) 233-7929 waxaadna codsan kartaa in koobi laguu soo diro.

እዚ ሓበረታ እዚ ብቕንቂ ትግር ክትረክ ብዎ ትክ እሉ ኢኽ ‐ም፡፡ ቅዳሕ ናይዚ ሓበረታ እዚ ክትረክ ቡ ኣብ ኢንተርነት www.seattle.gov/parks/proparks/report/Tigrina.pdf **ክትረክ ብዎ ትክ እሉ ኢኽ ‐ም፡ ወይ ድማ ተለፎን ኣብ ቁጽሪ** (206) 233-7929 **ተለፎን ደዊልኩም ቅዳሕ ክስደደልኩም ክትሓቱ ትክ እሉ ኢኽ ‐ም፡፡**

Bản báo cáo này có bằng tiếng Việt. Để xem một bản sao của bản báo cáo này, quý vị có thể đến www.seattle.gov/parks/proparks/report/Vietnamese.pdf hoặc quý vị có thể gọi số (206) 233-7929 và yêu cầu được một bản báo cáo gởi đến cho quý vị.

Gabasaan kun Afaan Oromo itti jira. Koopii gabasaa kanaa ilaaluf, www.seattle.gov/parks/proparks/report/Oromo.pdf seenu dandeesa; ykn ati (206) 233-7929 waamte koopiin tokko akka siif ergamu gaafachu ni dandeessa.

此報告有中文版本提供。要查看此報告的副本，可以瀏覽 www.seattle.gov/parks/proparks/report/Chinese.pdf，或致電 (206) 233-7929，請求寄給您一份副本。

ይህ ዘገባ በአማርኛ ይቀርባል። የዘገባውን ኮፒ ለመመልከት www.seattle.gov/parks/proparks/report/Amharic.pdf **ሊጎበኙ ወይም** (206) 233-7929 **ደውለው ኮፒ እንዲላክልዎት ሊጠይቁ ይችላሉ።**

SEATTLE PARKS AND RECREATION
800 Maynard Ave S, 3rd Fl
Seattle, WA 98134-1336

PRSRT STD
US POSTAGE
PAID
SEATTLE, WA
PERMIT NO 900